# PIROJEEKTII BENEFIT-ISSD

## Damee Oromiyaa Bahaa Yuunivarsiitii Haramaayaa Maxxansaa Onkoloolessa 2018




BENEFIT ISSD Ethiopia HARAMAYA UNIVERSITY

## Ergaa Gulaalaa

Dubbistoota maxxansa keenyaa biyya keessaa fi biyya alaa jirtan hunda nagayaan isiniif haa ta'u jenna! Kun maxxansa isa Afraffaa Pirojeektii BENEFIT-ISSD damee Oromiya bahaa yoo ta'u, isin waliin waliif qooduu keenyaaf gammachuutu nutti dhagahama. Kaayyoon BENEFIT-ISSD Itiyoophiyaa misooma seektara sanyii cimaa ta'ee; gabaa giddu-galeeffatee fi babal'ina qabu jajjabeessuu dha. Irra caalattis qonnaan bultootni dhiirotaa fi dubartoota ta'an sanyii qulqulluu fi filatamaa tahe, hangaa fi yeroo barbaadametti akka argatan taasisuu dha.

Barruuleen kun hojiiwwanii fi odeefafannoowwan milkaa'ina Pirojeektii BENEFIT-ISSD damee Oromiya bahaa tamsaasuuf meeshaa akka ta'u kan yaadameedha. Akka walii-galatti, ji'oota Adolessaa hanga Onkololeessa bara kan bara 2010/11 ALI ykn 2018 keessatti hojiiwwanii fi bu'aawwan ykn milkaa'ina pirojeektichaa jiran ilaalchisee dubbistootaaf hubannoo ni kenna jedhamee ni abdatama. Maddi odeeffannoowwanii fi oduuwwan milkaa'inaa barruulee kana keessatti dhiyaatan dameewwan pirojeekticha (sirna sanyii al-idilee, misooma LSB, walitti hidhata sanyii fi waljijjiirraa beekumsaa fi dagaagina dandeetii) jalatti kan galmaa'aniidha.

Barruuleen kun irra caalatti Afaan Oromootiin kan qophaa'e yoo ta'u, innis dubbistootni keenya sadarkaa naannootti argaman beekumsaa fi odeefannowwan keenya irraa salphatti akka fayyadaman taasisuudhaaf kan yaadameedha.

Barruuleen kun dubbistoota hedduu sadarkaa naannichaatiif (Oomishtoota sanyii, qonnaan bultoota, hojjattoota misoomaa, oggeessota, qorattootaafi kkf) muuxxannoo akka qooduufii akkasumaas kaka'umsa ykn si'aayina akka ta'u hawwii keenyadha.

Xumurrarrattis, qonnaan bultootni biyya keenyaa sanyii qulqulluu fi filatamaa tahe hanga barbaadamee fi yeroo barbaadametti akka argatan mirkaneessuuf qindoominaan haa hojjanu ergaa jedhu dabarsuun barbaada.

Dubbisa gaarii isiniif hawwa!

Kamaal Qaasim,

+251-913179853,
kemalkasim@yahoo.com
http://www.haramaya.edu.et/
http://www.issdethiopia.org/
P.O.Box: 138, Dire Dawa, Ethiopia

# BAAFATA

Ergaa Gulaalaa 1

Regional update 2

Yaadolee Haaraa Pirojeektii BENEFIT-ISSD damee Oromiyaa Bahaatiin Galmaa'an 4

Ulaagaa madaaallii filannoo sanyii: Yaadolee fi sagalee qonnaan bultootaa 7

Pirojeektiin ISSD: "ABBAA QONNAAN BULTOOTAA" 10

Lammaffaa dhalachuu 12

Sanyiiwwan adda addaa yaaliwwan sanyii hirmaachisaatiif hojiirra oole 13

Ibsa Suurrawwanii 14

Sagantaan BENEFIT-ISSD Itiyoophiyaa damee Pirojeektii miiltummaa 'Bilateral Ethiopian-Netherlands Effort for Food, Income and Trade' (BENEFIT) jedhamu jalatti argama. BENEFIT miiltummaadhaan pirojeektii afur of jalatti hammatee argama. Isaanis 'Capacity Building for Scaling up of Evidence Based Practices in Agricultural Production in Ethiopia' (CASCAPE), 'Integrated Seed Sector Development' (ISSD), 'Sesame Business Network' (SBN) fi Ethiopian-Netherlands Trade for Agriculture Growth' (ENTAG) dha. Deeggarsa maallaqaa fi gorsa teeknika pirojeektoota kanaa kan taasisu Imbaasii Neezarlaandi Finfinneetti argamu dha.

## Regional update

This report summarizes the key achievements recorded under different components of the project between July to October, 2018 period.

### Informal seed system component

Under informal seed system, BENEFIT-ISSD project, Oromia East unit, organized field day at Doba woreda on October 2, 2018 in collaboration with Doba woreda Bureau of Agriculture (BoA). The objective of the field day were to evaluate the status of the 2017 crowdsourcing (CS) scaling up activities and 2018 CS and Participatory Variety Selection (PVS) research trials conducted by farmers and researchers; promote best practices and success stories among stakeholders; and enhance networking among farmers for further seed exchange mechanism. A total of 175 peoples of whom 75 male and 54 female farmers, 46 stakeholders representing zone and woreda BoA and respective development agents, CARE Ethiopia west Hararghe field office, researchers and lecturers from universities (Haramaya and Oda Bultum), and Chiro national sorghum research centres and media organizations were participated.

In addition, different crop varieties of chickpea and teff has been packed and deployed to a total of 600 farmers of which 50% are women in four woredas (Gurawa, Oda Bultum, Doba and Meta). Moreover, score card used for recording farmers preferences and variety traits was developed and shared with development agents and focal persons. Orientation on data management and handling of score card was given to both development agents and woreda focal persons


Stakeholders field day organized at Doba woreda, Walkituma Waji Kebele


Orientation given for focal persons and development agents on data management


Stakeholders field day organized at Doba wored, Walkituma Waji Kebele


### LSB development

Under LSB development component, training was conducted for two days on business plan canvas model for 44 people representing SPCs executive committees, cooperative DAs, focal persons from indirect support partners, and zone representatives of cooperative promotion agencies. The training was conducted on August 2, 2018 at Ras Hotel, Harar city. For the implementation of the training template for using seed business canvas model was developed and deployed to 13 Seed Producer's Cooperatives (SPCs), cooperative promotion agencies and indirect support partners of SPCs.

Under LSB development, supervision and technical backstopping activities was conducted to six direct support SPCs to create awareness on the provision of basic seed of Tef and chickpea and strengthening internal quality seed control activities. Moreover, with collaboration of stakeholder and partners 25 SPCs performance evaluation was conducted by participating 125 executive committee members and 25 DAs using KPI guideline. Finally, One day coaching and technical backstopping was conducted at Abdi Gudina, Misoma Gudina and Burka Gamachu SPCs on the issue of increasing financial capital through internal finance mobilization and increase number of women in the SPCs. A total of 15 executive committee members representing these SPCs were participated. Similarly, with collaboration of partners and stakeholders follow up and monitoring is conducted at 20 indirect SPCs to give technical support on seed sales and marketing strategy and seed production.


Training provided on business canvass model for partners and SPCs


Coaching and supervision made at Haji Faji SPC



Business plan canvas developed for SPCs

## Seed Value Chain Development

Under SVC component, field visit was facilitated to coach and monitor implementation of ongoing seed value chain innovation projects. In addition, grant transferred to partners for implement scaling up and new piloting seed value chain innovation project was made. For implementation of pilot innovation project to enhance efficiency of existing conventional seed distribution system started in collaboration with two partners (Chercher Oda Bultum and Afren Kalo unions). Pilot woredas selection and debriefing workshop was conducted in east and west Hararghe zones. The selected woredas for implementation of the pilot project includes Kombolcha, Kersa and Jarso woredas from east Hararghe zone and Oda Bultum, Habro and Guba Koricha woredas from west Hararghe zone.

On the other hand, study was conducted with objectives to assess performance and challenges of seed sector in East and West Hararghe zones. Different issues including seed production, utilization, marketing and distributions was covered in this study. The report of this study was completed and facilitation of validation workshop is  underway.

To improve seed quality and value addition, the project explored the mechanism by which the idle seed processing plant in Haramaya University (HU) can be used for seed processing in Hararghe, with the intention to provide service for SPCs. Following this, Chercher Odabultum farmers' cooperative union was identified as potential partner for providing the service. In doing so, an agreement was reached with top HU officials to donate the plant to Chercher Odabultum farmers' cooperative union. Currently, the process of transferring seed processing plant from Haramaya University to Chercher Odabultum Farmers' cooperative union was completed and installation work is underway.



Seed sector persfromances and challenges survey conducted  in east and west Hararghe



Seed cleaning plant donated for Chercher Oda Bultum Farmers' cooperative Union

## Knowledge Sharing and Communication component

With the objective to enhance the marketing and use of quality seed, mini-seed marketing was facilitated through Abdi Gudina and Burqa Misoma SPCs in collaboration with Chercher Odabultum Farmers' Cooperative Union. The mini-seed market was conducted at Oda Baso FTC in Oda Bultum woreda on June 5, 2018. A total of 223 farmers (105 women's) representing three seed producers cooperatives (Abdi Gudina, Burqa Misoma and Oda Mada) and seed buyers (local farmers), 26 participants from development agents, woreda experts, heads  from Oda Bultum cooperative promotion agency and Bureau of agriculture was involved.

An interview with women and men farmers to document a success story on how gender sensitive crowdsourcing and PVS have revealed the varieties and traits most preferred by male and female farmers was conducted. The result was shared with research, extension and development partners in order influence them to consider gender needs and priorities during variety development and popularization. Accordingly, the view of 11 farmers (four men) involved in CS trials was documented and copied into newsletter to share with audiences.

Documenting and sharing of different success stories, posters and pictures, news and brief reports of ISSD activities was conducted.  Majority of  this printed material was shared with audiences through email, and face book and generates tremendous likes, shares and comments, and helped bring recognition of ISSD project and partners including ministry of agriculture and ATA. The profile of directly and indirectly supported SPCs (Awubara and Abdi Gudina) was documented on posters in Oromo language for promoting their products to customers.

The field day was also organized on crowdsourcing and PVS research trials and LSB development model to share success stories and lessons with partners and stakeholders. The field day was organized at Haramaya University research stations, Haji Faji SPC, Kurfa Chale and Meta woredas respectively. A total of 332 participants (44 women farmers) from farmers, SPCs, unions, BoA, cooperative promotion agencies, agricultural research centers, and universities was participated. The objectives  of the field day was to promote success stories of CS and PVS activities among farmers; enhance functional local linkage and collaboration among seed producers and users, and create  demand for quality seeds. Documentation and sharing field day reports was conducted in (pint and audio-visual) and shared with ISSD and Ethiopian News Service webisites, and broadcasted on OBN, and HU FM radio.



Stakeholder field day organized at HU to link EGS suppliers and seed producers



Documenting success stories on the merit of quality seeds during field day

## Yaadolee Haaraa Pirojeektii ISSD damee Oromiyaa Bahaatiin Galmaa'an

Pirojeektiin ISSD dameen Oromiyaa bahaa ji'oota Adoolessa hanga Onkoloolessa bara 2010/11tti qabiyyeewwan adda addaa pirojeekticha jalatti hammataman irratti hojiiwwan garagaraa hedduu geggeessaa tureera. Hojiiwwan pirojeektichaan hojjataman kunneen akkaataa armaan gaditti cuunfamanii dhiyaataniiru.

### Sirna Sanyii al-idlee

Qabiyyee kana jalatti, pirojeektiin ISSD damee Oromoiyaa Baha, guyyaa Ayyaanaa qonnaan bultootaa qopheessuun muuxannoo gaggaarii fi oduuwwan milkaa'ina sirna sanyii yaalii hirmaachisaa (crowdaouring) bara 2010 fi 2011 hojjataman qonnaan bultootaa fi qooda fudhatootaaf qoodeera. Guyyaan ayaanaa kun kan taasifame onkoloolessa 2011 tti yoo ta'u; walumaa galatti qonnaan bultootni 129 (54 dubartoota), 46 ammoo qooda fudhattoota kanneen akka Biiroo qonnaa, hojjattoota misoomaa, CARE Itiyoophiyaa damee Harargee lixaa, qorattootaa fi dhaabbileen sab-quunnamtii baay'een hirmaataniiru. Haaluma walfakkaatuun, guyyaan qonnaan bultootaa kun Godina Harargee bahaa Aanaa meettaa keessattis qophaa'uun muuxannoowwan walfakkaatan qooda fudhattootaaf qoodamaniiru.

Qabiyyee kana jalatti hojiin biraa hojjatame, sanyiiwwan garagaraa Oomisha gannaa boodaatiin hojjataman kanneen akka xaafii fi shumburaa yaalii sanyii hirmaachisaa (Crowdsourcing fi PVS) geggeessuuf oolan qonnaan bultootaaf raabsameera. Haaluma kanaan sanyiiwwan kunneen qonnaan bultoota 600 (dubartoota 50%) Aanaalee afur jechuunis Aanaa Gurawaa, Odaa Bultum, Doobbaa fi Meettaa keessatti raabsuun yaaliin geggeefamaa jira. Xumura irrattii unkaan (score card) ragaa yaaliiwwan qonnaan bultoota 3000 biratti geggeefaman galmeessuuf oolu qopheessuun, hubannoon waa'ee sassaabbii fi qabinsa ragaa irratti hojjattoota misoomatii fi suparvaayizarii sadarkaa aanaatiif kennamuun raabsameera.



Guyyaa Ayyaana qonnaan bultootaa Aaanaa Doobbaa, Araddaa Leenca Waddeessaatti qophaa'e

## Misooma LSB


Damee hojii kanaa jalatti, leenjiin waa'ee itti fayyadama karoora modeela daldalaa (business plan canvas) irratti miiltoota pirojeektii ISSDtii fi waldoota Oomishtoota sanyiitiif kennameera. Leenjichis kan qophaa'e gaafa guyyaa Adoolessa 2, 2018 magaalaa Harar, hoteela Raasitti. Leenjii kana irratti, hirmaattotni 44 guyyaa lamaaf hirmaataniiru.

Qaama hojii kanaa jalatti, hojiin hordoffii fi deeggarsi ogummaa waldaa Oomishtoota sanyii ja'aaf dhimmoota ijoo kanneen akka qulqullina sanyii keessaa tiksuu, fi sanyiiwwan haadhoo fayydamuu irratti taasifameera. Dabalataanis, gamaggamni fi madaalliin raawwii (performance evaluation) waldoota 25 geggeeffameera. Madaallii raawwii kana irratti koreewwan hojii raawwachiiftuu 125 ta'an waldoota 25 irraa bahanii fi hojjattoota misoomaa 25 hirmaachisuudhaan taasifameera.

Gara biraatiin, guyyaa tokkoof hordoffii fi deeggarsi ogummaa waldaa Oomishtoota sanyii Abdii Guddinaa fi Burqaa Gammachuutiif dhimoota waa'ee kaappitaala keessaa guddisuu, fi hirmaannaa miseensa dubartootaa fooyyessuu irratti laatameera. Hojii kana irratti, koreewwan Waldaa 15 hirmaataniiru. Haaluma walfakkaatuun, miiltotaa fi qooda fudhattoota waliin tahuudhaan deeggarsi ogummaa dhimmota waa'ee gurgurtaa sanyii, tooftaa gurgurtaa sanyii fi sanyii beeksisuu irratti waldoota 20 al-kallattiin deeggaramaniif kennameera.



Leenjii karoora modeela daldalaa (business plan canvas) miiltoota pirojeektii ISSDtii fi waldoota Oomishtoota sanyiitiif kenname



Karoora modeela daldalaa (business plan canvas) hirmaattottaan qophaa'e

## Walitti Hidhata Sanyii

Qabiyyee hojii kanaa jalatti, hordoffiin dhimmoota waa'ee hojjirra oolmaa pirojeektoota sirna sanyii kanneen akka dhiheessa sanyii haadhoo fooyyessuu fi sirna dhiheessii fi raabsii sanyii fooyyessuu irratti miiltotaaf deeggarsi ogummaa laatameera. Dabalataanis, deeggarsi maallaqaa miiltoota pirojeektii kana geggeessaniif taasifameera. Qabiiyyeen hojii kanaa jalatti hojiiwwan biraa raawwataman, qorannoon waa'ee seektara sanyii kaayyoo dhimmoota waa'ee hojimaata seektara sanyii fi daanqaawwan ykn hudhaalee gargar baasuudhaaf geggeefameera. Qorannoo kunis kan geggeeffame godinoota Harargee bahaa fi lixaa yoo ta'u qooda fudhatoota dhimmotni kun ilaallatan kan akka waajira qonnaa fi hojii gamtaa, yuuniyeenota, qorannoo qonnaa fi waldoota oomishtoota sanyii kan hirmaachiseedha. Bu'aan qorannoo kanaa xiinxalamee gabaasni kan xumurame yoo ta'u bu'aa argame irratti mari'achuudhaan kallattii fuul-duraa kaa'uuf waltajjiin karoorfameera.

Sirna sanyii Harargee keessaa, keessattuu qulqulinaa fi sona sanyii fooyyessuuf, pirojeektiin ISSD carraawwan jiran erga xiinxale booda, haala ittiin maashinni sanyii soruu fi qulquleessu Yuunivarsitii Haramayaa keessatti argamu hojiirra ooluratti geggeesitoota yuunivarsitichaa olaanoo wajjiin marii taasiseera. Haaluma kanaan, maashinichi deeggarsaan qaama tajaajila waldoota Oomishtoota sanyiif kennuu danda'uuf akka kennamu waliigalameera. Kanaafiis, miiltotni tajaajila waldoota sanyii Oomishaniif kennuu danda'an adda bahuudhaan, yuuniyeeniin Carcar Odaa Bultum filatameera. Yeroo ammaa walharkaa fuudhinsi maashinichaa Yuunivarsiitii Haramaayaa fi yuuniyenicha giddutti kan raawwate yoo ta'u, hojiin maashinicha dhaabuu geggeeffamaa jira.



Maashina sanyii qulqulleessu fi soru yuuniyeenii Carcar Odaa Bultumiif tolaan deeggarameera

### Waljijjiirraa Beekumsaa fi Dandeettii Gabbisuu

Kaayyoo dhiheessa, gabaa sanyii fooyyeessuu jedhuun pirojeektiin ISSD gabaa sanyii xiqqoo (seed mini-market) Aanaa Odaa Bultum araddaa Odaa Baasootti qindoomina yuuniyeenii Carcar Odaa Bultum waliin qopheesseera. Hojii kanarratti, waldoota oomishtoota sanyii Abdii Guddinaa, fi Burqaa Misooma fi Odaa Maddaa kallattiin hirmaataniiru. Gabaa sanyii kanarratti qonnaan bultootni 223 kan hirmaatan yoo ta'u, kanneen keessaa 105 dubartoota, 26 ammoo bakka bu'oota waajjira qonnaa fi hojii gamtaa Aanaa Odaa Bultumii fi hojattoota misoomaatiidha.

Guyyaa Ayyaana qonnaan bultootaa filannoo sanyii hirmaachisaa (crowdsourcing fi PVS) fi misooma LSB irratti qopheessuun qooda fudhattootaaf muuxannoowwan adda addaa akka qoodamu taasifameera. Guyyaan ayyaanaa kun Aanoota Qarsaa, Kurfaa Callee, Meettaa fi Yuunivarsiitii Haramaayaatti kan qophaa'e yoo ta'u hirmaatootni 332 (dubartoota 44) qonnaan bultootarraa, waldoota Oomishtoota sanyii, yuuniyeenii, waajira qonnaa fi hojii gamtaa, qorannoo qonnaa, Yuunivarsiitii fi dhaabilee sab-qunnamtii irraa qooda fudhataniiru. Kaayyoon sagantaa kanaatis muuxannoowwan gaggaarii filannoo sanyii hirmaachisaa fi moodela misooma LSB keessatti galmaa'an hirmaattotaaf qooduu; fedhii sanyii uumuu fi walitti hidhata dhiheessa sanyii haadhoo fi waldoota oomishtoota sanyii gidduutti cimsuuf kan yaadameedha. Bu'aan hojii kanaatis duukumeentii ta'uudhaan bifa oduutiin, weebsaayitii pirojeektii ISSDtii fi midiyaalee Oromia Broadcasting Networkiifi raadiyoo HUFM 95.1 hordoftootaaf qoodameera.

Gara biraatiin oduu fi oduuleen fedhii filannoo sanyii hirmaachisaa qonnaan bultoota dhiirotaa fi dubartootaa irratti xiyyeefate dookumantii gochuudhaan raabsameera. Kaayyoon isaas fedhiin filannoo sanyii koorniyaa lamaan giddutti garaagarummaa qabaachuu agarsiisuun qorattootnii fi ekisteenshiniin qonnaa hojimaata isaanii keessatti xiyyeeffannoo akka kennan hubannoo uumuufiidha. Dabalataanis, oduuwwan milkaa'inaa, postaroonni, piroofaiayiloonni (seenaawwan waldaalee), fi suurrawwan dookumantii goochuudhaan dubbistootaaf raabsamaniiru.

Walatajjiin Pirojeektii ISSD sadarkaa naannootti yaad-rimee walitti hidhata dhiheessii fi fedhii sanyii fooyyessuu jedhuun magaalaa Harar hoteela Raasitti guyyaa tokkoof qophaa'eera. Waltajjii kanarratti hirmaattotni 45 jechuunis waajiralee qonnaa fi hojii gamtaa godinaalee fi aanaalee, yuuniyeenoota, qorannoo qonnaa, yuunivarsiitoota, miti-mootummaa (HCS, CARE, Bioversity international) fi waldootni Oomishtoota sanyii hirmaataniiru.



Muuxannoowwan qonnaan bultootaa qopheessuu fi qooduu, Aanaa Kurfaa Callee, Araddaa Jiruu Bal'inaa



Waltajjii marii sadarkaa naannootti magaalaa Harar, Hoteela Raasitti qophaa'e



Guyyaa Ayyaana daawwii dirree walitti hidhata dhiheessitoota sanyii haadhoo fi waldoota Oomishtoota sanyii giddutti cimsuuf Yuunivarsiitii Haramaayaatti qophaa'e

# Ulaagaa madaaallii filannoo sanyii: Yaadolee fi sagalee qonnaan bultootaa



Maqaan koo Getaachoo H/Maariyam jedhama; Jiraataa Godina Harargee Lixaa Aanaa Dobbaa Araddaa Walqixummaa Wajjiiti. Waggoota afurtamman darbaniif Hojiin koo jireenya qonnaarratti kan bu'uureffate ture. Oomishtummaa qonnaa kiyya fooyyessuuf qaamotni adda addaa deeggarsa ogummaa naaf gochaa turaniiru. Haata'uu malee jijjiiramni qabatamaan jireenya koo irratti mul'ate baay'ee gadi aanaa ture. Sababni isaas deeggarsi naaf godhamaa ture gochaan waan hin deggaramneef jijjiiramni qabatamaan jireenya koo irratti hin mul'anne. Midhaanii ani facaasaa ture, sanyii filatamaa fi qulqulluudha jedheen amanaa ture. Haatahuu malee, midhaan ani facaasaa ture sanyii filatamaa fi qulqulluu akka hin taane ergaan deeggarsa pirojeektii ISSDtiin yaaalii hirmaachisaa sanyii filatamaa geggeeseen hubadhe.

Pirojeektiin ISSD deeggersa leenjii gochaan deeggarame naaf kennuun yaalii gosa sanyii Boloqqee sadi jechuunis (SAB-736, Baabbilee fi Dursituu) ooyruu kiyyaratti hojjataa ture. Haala kanaan, sanyiin midhaan Boloqqee gosa adda addaa, faayidaa baayee qaban, fi haala qilleensa keenyaaf mijaawaa ta'an jiraachuu isaanii hubadheen jira. Dabalataanis, ulaagaa dhunfaa kiyyaa fi haadha manaa kiyyaa giddu galeessa godhate irratti hundaa'uudhaan yaalii qorannoo geggeessee sanyii fooyya'aa gosa boloqee SAB-736 filadheera. Ulaagaaleen ani itti gosa sanyii kana filadhees: saffisaan guddachuu; dafee ga'uu, firiin isaa gurguddaa ta'uu, mucha ykn qacaa fi mucha keessatti firii hedduu qabaachuu (number of pod and number of seed per pod) fi callaa guddaa kenna. Gara biraatiinis, tooftaa qulqullinni sanyii ooyruu fi mana keessatti kunuunfamee bara baraan itti fayyadamuu danda'u sirritti baradheen jira.



Maqaan kiyya Man'allee Indaalaa jedhama. Haadha warraa Obbo Getaachoo Hayile Maariyaam. Jiraattuu Aanaa Dobbaa Araddaa Walqixummaa Wajjiiti. Gosoota sanyii abbaan manaa kiyya filannodhaaf facaase keessaa ani ammoo gosa sanyii Baabbilee jedhamuun filadheera. Ulaagaan ani ittiin filadhees soorata adda addaa kan akka kikkii, shiroo ykn buusaa fi shuumootiif waan mijatuufidha. Dabalataaniis, shuumoon isaa yoon affeelu ni guuta ykn ni barakata. Bifti isaa diimaa waan ta'eef, Gabayaa keessatti illee dubartootni bituu filatu. Kanarraa ka'ee, waggaa kana ani fi abbaan mana kiyyaa gosa sanyii Baabbilee fi SAB-736 facaafaneerra.



Getaachoo H/Maariyam fi Man'allee Indaalaa yaalii sanyii hirmaachisiaa ooyruu isaanii keessatii hordoffii yeroo godhan, Aanaa Doobbaa Araddaa walqixummaa Wajjii keessa ture

Maqaan kiyyaa Obbo Ziyaad Mohammadiin jedhama. Jiraataa Aanaa Dobbaa Araddaa Walqixummaa wajjiiiti. Bara 2010 boloqqee gosa sadi (Ramadaa, Awaash-1 fi Carcaroo) jedhamu irrattii yaalii geggeesseera. Gosa sadan keessaa haati mana kiyyaa gosa diimtuu (Carcaroo) filatteeti. Ulaagaan itti filattees, yeroo shuumoo hojjattan bishaan fuudhachuun distii waan guutuu fi soorataan waan badhaadheef, nyaataa Ijoolleetiif baay'ee mijataadha. Irra caalatti ammo sa'aa-aannanii bishaan shuumoo jalaa bahu obaasuudhaan aannnan baay'ee akka kennu ni taasisa. Ani ammo gara kiyyaan sanyii boloqqee gosa adii ykn Awaash-1 filadheera. Sababni isaas gabaa irratti baay'ee waan barbaadamuu fi callaa guddaa waan kennuuf. Gara fuulduraati jiruu fi jireenya kiyyaa fi ijoolee kiyya barsiifachuuf, galii ykn maallaqni waan na barbaachisuuf boloqqee adii kana gabaaf oomishuun barbaada. Walumaagalatti sanyiin kun akka isaan babal'ataniif, qonnaan bultoota ollaa kiyyaa namoota kudhaniif dabarseen jira.



Maqaan kiyya Zabiidaa Abdoo jedhama.Haadha manaa obbo Ziyaad Mohammed yoon tahu, jiraattuu Aanaa Dobbaa Araddaa Walqixummaa Wajjiiti. Akkuma armaan olitti eerame, bara 2010 boloqqee gosa sadii (Ramadaa, Awaash-1 fi Carcaroo) abbaa mana kiyyaa wajjin tahuun yaalii geggeeseera. Sanyiiwwan kanneen keessaa sanyii diimtuu (Carcaroo) filadheera. Ulaagaan filannoo kiyyas soorataaf mijooftuu waan taateef nyaataaf ni oolti. Yeroo shuumoo hojjatan bishaan fuudhuun distii waan guutuu fi soorataan waan badhaadheef nyaataa Ijoolleetiif baay'ee mijataadha. Gama biraatinis, halluu diimaa baay'een jaaladha. Irra caalatti ammoo sa'i kiyya bishaan shuumoo Boloqqee yoo dhuge aannan baay'ee kenna. Gara biraatiin waggaa kana bara 2011 sanyi Boqoolloo gosa sadiin koodiin isaa 'A', 'B' fi 'C' ta'an karaa pirojeektuma ISSDtiin naaf dhiyaatee yaalii geggeesaan jira. Hanga ammaatti madaallii geggeesseen koodiin gosa sanyii 'B',n ulaagaalee kanneen akka dura biqiluun, ariitiin guddachuun, daraaraa dura baafachuun, akkasumas raammoo Ameerikaa illee dandamachuun isaatiin filadheera. Boqqoolloo aadaa ykn naannoo sanyii yaalii geggeessuuf pirojeektiin ISSD naaf kenne kana durseen facaase. Haata'uu malee, sanyiiwwan yaaliif facaase kun ariitiidhan sanyii naannoo bira darbee guddachuun dhaluu eegaleera. Qonnaan bultootni ollaa kiyyaa dhufanii jijjiirraa muuxannoo gochuudhaan boqqoolloo kana na waliin madaalaa jiru. Dandeettii raammoo Ameerikaa ofirraa dandamachuun gosti sanyii koodii 'B' qonnaan bultoota baay'een raajeffatameera. Fuula durattii sanyii kana jijjiirraaf illee dursanii gaafataniiru.





Ziyaad Mohammed fi haadha warraa wajjiin yaalii sanyii Boqqolloo keessatti yeroo argaman, Aanaa Doobbaa, Araddaa Walqixxummaa wajjii

Maqaan kiyya Hindii Hassan jedhama, jiraattuu Aanaa Doobbaa  Araddaa Walqixummaa Wajjiiti.



Pirojeektiin ISSD yeroo Gabaabaa keessatti hubannoo kiyyarratti jijjiirama guddaa mul'iseera. Araddaa kiyya keessatti qonnaan bultoota dhiiraa 25 fi Dubartoota 25 filachuun calallii geggeesseera. Kunis Pirojeektichi koorniyaa idileessuuf hirmaachisummaa walqixaa dhiiraa fi dubartii irratti xiyyeeffannoo laachuu agarsiisa. Kanaatu, pirojeektii ISSD pirojeektii biraa irraa adda godha. Akka dhuunfaa kiyyaatti leenjii ga'aa gochaan deeggarame waa'ee yaalii sanyii geggeessuu irratti fudhadheera. Itti aansuudhaan sanyii boloqqee gosa sadi jechuunis Awaash- Malkaa, Fadisii fi Carcaroo fudhadhee yaalii geggeesseera. Akkuma leenjiin naaf kennametti facaasuun yaalii geggeesseera. Naannoo keenyatti boloqqeen baay'inaan ni oomishama. "Looniyyuu bakka taateef ciisa" akkuma jedhamu, boloqqee baasii keenya qusatu, humna qonnaa keenya qusatu, xaa'ummaa biyyee dabalu, soorataa ijoolleef mijatuufi galii guddaa nuuf argamsiisu akka filannu carraa nuuf kennanniiru. Adoolessa (Hamlee) 18 bara 2010 facaaseen, Onkoloolessa (Tiqimtii) guyyaa 13 bara 2010 sassaabe. Callaan argadhees Awaash-Malkaa kiilogiraama 6, Fadis kiilogiraama 6.5 fi Carcaroo kiilogiraama 5 kenneera. Sanyii boloqqee gosa Fadis jedhamu filadheera. Sanyiin kun soorataan waan badhaadheef daa'immaan kiyyaaf baay'ee barbaachisaadha. Gara biraatiin callaa guddaa kennuudhaan, dhukkuba baala goggogsu dandamachuu waan danda'uf. Halluun sanyii kanaa diimaa waan ta'eef anniisaa fi soorata adda addaa of keessaa akka qabaatu nan amana.

Maqaan kiyya Makka Saanii jedhama, jiraatuu Aanaa Meettaa Araddaa Ifaa Biiftuuti. Osoo Pirojeektiin ISSD hin dhufin dura waa'ee sanyii hubannoo tokko iyyuu hin qabu. Haallin itti sanyii facaasaa turees oomishan oomisherraa olkaawadhee ykn gabaarraa bituudhaani. Sanyiileen gabaarraa bitaa ture qulqullina kan hin qabnee fi yoo xiqqaate sanyii gosa afur kan wal makeedha. Erga pirojektiin ISSD dhufee garuu sanyii jechuun kan makaa hin qabnee fi qulqulluu tahuu isaan hubadhe. Bara 2010 sanyii qamadii gosa sadi irratti yaalii sanyii filachuu Pirojeektii ISSD fi hojataa misoomaa wajjin tahuun geggesseera. Haaluma kanaan sanyii gosa pavan-75 filadheera. sababni isaas, daftee dhalti, mataan ishii gurguddaadha, firiin ishii baay'ee guddaadha, akkasumas callaa olaanaa ni kenniti. Daabboo fi buddeenni ishii bareedaadha. Ani akka dhuunfaa kiyyaatti waggaa kana sanyii kana babal'isaan jira. Haata'u malee sanyiiwwan sadeenuu ammas irra deebi'ee wal cinaa facaasuun yaalii haaraa geggeessaan jira. Qonnaan bultoota ollaa kiyyaafis dabarseera. Kanaafuu ollaan kiyyaas sanyii aadaa dhiise sanyiilee filatamaa kana akka fayyadaman ergaan dabarsaaf.





Makkaa Saanii hojjataa misoomaati wajjiin ooyruu yaalii sanyii qamadii hirmaachisummaa ishii keessatti yeroo argamtu, Aanaa Meettaa, Araddaa Ifaa Biiftuu

Xaasoo Siyyumi jedhama. Qonnaan bulaa umurii 42 yoo tahu, jiraataa Godina Harargee Lixaa Aanaa Ciroo Araddaa Waacuu Limaayiti. Bara 2010 gara Pirojeektii ISSD tiin yaalii hirmaachisa filannoo sanyii Qamadii geggeessuuf carraa argatee hirmaate. Akka Obbo Xaasoo eeranitti osoo pirojeektii ISSD wajjin wal hin quunnamiin dura, faayidaa fi bu'aa sanyii filatamaa hin beeku ture. Obbo Xaasoof sanyii filatamaa jechuun kanuma abbaa isaarraa dhaalee itti fayyadamaa tureedha. Erga pirojeektii ISSD waliin carraa qindoomuu argate, hubannoo fi beekumsi isaa sanyii filatamaa irratti qabu baay'ee gabbateera.



Pirojeektii ISSD, miiltummaa waajira qonnaa Aanaa Ciroo wajjin tahuudhaan, leenjii waa'ee yaalii sanyii geggeessuu, madaaluu fi filachauu irratti Obbo Xaasoof laate. Itti aansuudhaan, pirojeektichi sanyii qamadii garagaraa gosa sadi jechuunis, Waane, Ogolchoo fi Lammaa jedhamu obbo Xaasoof kenneeraaf. Obbo Xaasoon akkuma leenjii fudhatetti sanyiiwwan kana lafa bal'ina walqixaa (10x10 m$^{2)}$ irra facaasuun, kunuunsaa fi eegumsa walqixaa godheef. Hojjataan misoomaas 'unkaa madaallii' yaalii sanyiiwwan kanaa ittiin gamaaggamuuf gargaaru kenneef. Obbo Xaasoo akka jedhetti "barreessuu fi dubbisuu waan hin dandeenyef, ilmi koo madaallii filannoo kiyyaa uunkicharratti barreessuudhaan na gargaare." Ulaagaalee kanneen akka goginsa dandamachuu, dafee gahuu, dhukkuba dandamachuu, gurguddina firii midhaanii fi callaa irratti hundaa'uudhaan sanyiiwwan kanneen madaaleera. Haati mana koos ulaagaalee kan akka bifa ykn halluu midhaanii, soorata adda addaa (buddeenaa fi daabboof) mijataa tahuu irratti hundaa'uudhaan filatteetti. Erga qulqulleessee booda Ogolchoo, Lammaa fi Waanee wal duraa duubaan callaa kiilogiraami kudhan, saddeetii fi torba kennaniiru. Ulaagaalee armaan olitti eeraman iratti hundaa'uudhaan haadha manaa koo wajjiinin sanyii Qamadii gosa Ogolchoo filanneerra. Gosa sanyii filanne kana bara Oomishaa 2010/11 facaasee babal'isaan jira. Sanyiin kun callaa kiyya dachaan akka dabalu nan amana jedhanii yaada isaanii laataniiru.



Guyyaa Ayyaana qonnaan bultootaa Ooyruu Obbo Xaasoo Siyyum irratti qophaa'e, Aanaa Ciroo, Araddaa Waaccuu Limaay



Ilma Obbo Xaasoo Siyyum unkaa madaalli qabatee ooyruu yaalii sanyii Qamadii keessatti yeroo argamu, Aanaa Ciroo, Araddaa Waaccuu Limaay

## Pirojeektiin ISSD: "ABBAA QONNAAN BULTOOTAA"

Maqaan kiyya Mohammed Abraahim jedhama. Hojjataa misoomaa Aanaa Meettaa Araddaa Ifaa Biiftuuti. Araddaan keenya haala qilleensaa sadi qabdi. Isaanis: baddaa, badda-daree fi gammoojjiidha. Kanaan dura rakkoon jiru sanyiin bifa gargaarsaatiin dhufaa ture haala qabatamaa qilleensa naannoo keenyaa giddu gala kan godhatee miti. Adeemsi kun miidhaa qonnaan bultoota irraan dhaqabsiisaa tureera. Gara biraatiin qonnaan bultootni keenya gabaa irraa midhaan bitanii akka sanyiitti fayyadamaa turaniiru. Amma garuu deegarsa Pirojeektii ISSD tiin qonnaan bulaan sanyii ooyruu isaatiif tahu yaalii geggeessuun gargar baasee murteessuu irra gahee jira. Ulaagaalee filannoo sanyii qonnaan bultootni araddaa keenyaa keessatti fayyadaman yoo ilaalle; baddaa, baddaa-daree fi gammoojiitti garaagarummaa qaba. Akka waliigalaatti naannoo baddaatti ulaagaan qonnaan bultootni sanyii filachuuf itti fayyadaman irra caallatti jiidhina (water logging) fi waagii dandamachuu yoo ta'u naannoo gammoojiitti immoo caamsaa dandamachuudhaan saffisaan callaa laachuu midhaaniirratti xiyyeeffatu. Haaluma kanaan gara baddaatti Paven-735 qonnaan bultootni baay'inaan ni filatu.



Sababni isaas gosti sanyii qamadii kun dandeettii waagii dandamachuu waan qabuufidha. Gara gammoojiitti ammo gosa sanyii qamadii Qaqqabaa fi Waanee baay'inaan ni filatu. Sababni isaas, Qaqqabaa fi Waanee gammoojjiitti saffisaan gahuudhaa fi caamsaalee dandamachuu isaanitiin qonnaan bultootni akka filatan godhee jira. Adeemsa qorannoo bara 2010 geggeessinee keessatti sanyiin qamadii gosa 'Biqaa' jedhamu baddaa, badda daree fi gammoojiitti qorannoo cimaa akka barbaadu hubanneerra. Kunis olka'insa galoo galaanaa irratti Oomisha hangamii akka kennuu danda'u qorannoon deegaramuu qaba jennee amanna.

Yaalii qorannoo hirmaachisaa qonnaan bultoota biratti geggeessine keessaa, yaaliin qonnaan bultoota dubartootaa biratti geggeefame warren qonnaan bultoota dhiiraa caalaa galma gaheera. Bu'aa yaalii bara darbe argame qixa sirriitiin tursiisee qonnaan bultoota ollaatiif baay'inaan kan jijjiire dubartootaadha. Kunis xiyyeeffannoo dubartootni hirmaannaa sanyii filachuu fi qooda misooma qonnaa keessatti qaban kan mirkaneessuudha. Qonnaan bultootni keenyaas bu'aawwan bara darbee fi waggaa kanaa argame irra dhaabachuudhaan pirojeektii ISSD kana maqaa **"ABBAA QONNAAN BULTOOTAA"** jedhu moggaaseeraaf.

Walumaagalatti, adeemsa tooftaa ykn moodeela yaalii sanyii hirmaachisaa pirojeektiin ISSD agarsiise kana Waajjirri Qonnaa madaqsuudhaan moodeela kana caasefama ekisteenshinii qonnaa keessa galchuudhaan wabii sanyii filatamaa fi midhaan nyaataa ariitiiidhaan ni mirkaneessa jedheen amana.



Mohammed Yaalii hirmaachisa Qamadii (Crowdsourcing) qonnaan bultootaa yeroo hordoffii taasisu, Aanaa Meettaa, Araddaa Ifaa Biiftuu



Mohammed Yaalii hirmaachisaa qamadii (Participatory Variety selection) sadarkaa wiirtuu leenjii qonnaan bultootaarratti yeroo hordoffii taasisu, Aanaa Meettaa, Araddaa Ifaa Biiftuu

## Lammaffaa dhalachuu

Maqaan kiyya Kimiyaa Muummee jedhama. Jiraattuu Godina Harargee Lixaa, Aanaa Ciroo, Araddaa Arbarakattee



fi miseensa Waldaa Oomishtoota sanyii Jiruu Jaalalaati. Oomishni ani waggaatti heektaara 0.125 irraa argachaa ture olaanaan kuntaala shan hin caalu. Callaan argadhu kun wabii nyaataa maatii kiyyaa mirkaneessuu hin dandeenye. Gara biraatiin, madda galii biraas waaniin hin qabneef, ijoollee koo barsiisuu hin dandeenye ture. Ergan sanyii filatamaa gosa dinnichaa ykn moosee Tuulama jedhamu argadhee oomishuu jalqabee garuu guutumaaguutitti seenaa kana jijjiiruun jireenya koo geeddareera. Kanin lammaffaa dhaladhe natti fakkaata.

Waggoota afran darban keessatti carraa pirojeektii ISSD tiin deegaramuun argadhe. Deeggarsi karaa pirojeektitiin naaf godhamaa turees; leenjii garagaraa, dagaagsa ogummaa fi jijjiirraa muuxannoo dhimmoota waa'ee sanyii qulqulluu oomishuu fi gabaaf dhiheessuu irrattiidha. Bu'uuraalee misoomaa daldala sanyiif oolan kan akka mana kuusaa, waajjiraalee fi meeshaalee waajjiraa irratti illee deeggarsi Waldaa keenyaaf taasisan guddaa dha. Ganda kiyya keessatti, pirojeektichi kan xiyyeeffate deeggarsa oomisha daldala sanyii dinnichaa ykn moosee irrattii dha. Sanyiin dinnichaa ykn moosee ani oomishe Tuulama jedhama. Ani garuu Tuulee jedheen moggaase._Hiikni isaas 'mootii dinnichaa' jechuu dha. Daaga tokko irraa, walakkaa kuntaala oomishe. Kuni anaaf raajiidha. Jireenya koo keessatti dinnichaa ykn moosee callaa guddaa hanga kana kennu argee hin beeku. Hundeen isaa baay'ee guddaa fi boca hanqaaquu kan qabuu waan ta'eef baay'ee jaalatama. Miseensa waldaa kiyyaa wajjiin tahuudhaan mana kuusaa dinnichaa ykn moose ijaaranneera. Haala dinnichi kun itti biqilu muuxannoo pirojeektiin ISSD naaf kenneen sanyii isaa biqilchee gabaa naannootti gurgurachuu eegale. Kunis galii duraan ani hin qabne naaf uumeera. Dinnicha sanyiif biqilchanii gurguruun kan nyaataaf gurguran caalaa bu'a qabeessa akka tahe naan hubadhe. Waggaa lama dura meeshaalee manaa kan akka Televesiinii hin qabuun ture. Amma garuu Televesiinii nan bitadhe. Sagantaalee bashannanaa fi hubannoo qonnarratti uuman baay'ee isaanii ittiin daawwachaatiin jira. Gara biraatiin mana jireenya fooyya'aa qorqoorroo, dhagaa fi simmintoodhaan ijaaradhe.

Akkasumas leenjii waa'ee haala soorata adda addaa dinnicha ykn moosee irraa qophaa'u pirojeektii ISSD fi Yuunivarsitii Haramaayaa tiin naaf kennameen hubannoo horadhee dinnicha irraa soorata adda addaa kan akka chiipsii, marqaa, qiinxaa, buddeena, fi boomboliinoo hojjachuu eegaleera. Dabalataanis, Dinnichi affelamee qunchee wajjin nyaachuun faayidaa akka qabu leenjuma kanarraa hubachuu danda'eera. Dur dinnicha qunchee wajjin nyaachuun naannoo keenyatti qaaniidha. Yeroon amma dinnicha qunchee wajjin nyaadhu namoonni na ajaa'ibsiifatu. Hubannoo barbaachisummaa fi faayidaa qunchee wajjin nyaachuu hawaasaaf uumaan jira. Namootni tokko tokko gorsa kana fudhachuuf baay'ee rincicoodha. Ilaalcha rincicummaa kana cabsuuf baay'een hojjachaa jira. Hundaa ol Tuulamaan soorataa, fi galii kiyya fooyyessuudhaan jireenya koo jijjiireera.




Kimiyaa Muummee, yeroo leenjii hubannoo dhimmoota agarsiisaa nyaataa fi sanyii fudhatu, bitaa irraa gara mirgaatti sadaffaa irratti kan argamtu,Aanaa Ciroo, Araddaa Arbarakkatee

## Gosoota midhaanii fi sanyiilee adda addaa bara 2010/11 ALI tti yaalii hirmaachisaa (Crowdsourcing) Ooyruu qonnaan bultoota 3000 tiif Godina Harargee Bahaa fi Lixaa keessatti geggeefame

| Gosa midhaanii fi sanyii | Crop and varities |
|---|---|
| Boqqoolloo | Maize |
| Malkaasaa-6Q | Melkassa- 6Q |
| Gibee-2 | Gibe-2 |
| Gibee-3 | Gibe-3 |
| Guuttoo LMS 5 | Gutto LMS 5 |
| Malkaasaa-4 | Melkassa-4 |
| Malkaasaa-7 | Melkassa-7 |
| Malkaasaa-2 | Malkaasaa-2 |
| **Qamadii Daabboo** | **Bread Wheat** |
| Dambaal | Dambal |
| Oborraa | Obora |
| Mandooyyuu | Mandoyu |
| Saneet | Sanate |
| Soofumar | Sofumer |
| Madda Walaabuu | Madda Walabu |
| Hiddaasee | Hidasse |
| Ogolchoo | Ogolcho |
| Qaqqabaa | Kakaba |
| Waanee | Wane |
| Kingbird | Kingbird |
| ETBW 6640 | ETBW 6640 |
| **Qamadii paastaa fi Makaroonii** | **Durum wheat** |
| Dirree | Dire |
| Toltuu | Toltu |
| Ejersa | Ejersa |
| Bakkalcha | Bakkalcha |
| Obsaa | Obsa |
| Utubaa | Utuba |
| Manguddoo | Mangudo |
| Uddee | Ude |
| Alam Xeennaa | Alem tena |
| Tasfaayee | Tesfaye |
| Dun Matiyoo | Dun Matio |
| **Mishingaa** | **Sorghum** |
| Jiruu | Jiru |
| Bonsaa | Bonsa |
| Garramahu | Geremew |
| Baajii | Baji |
| Dibaabaa | Dibaba |
| Daagim | Dagim |
| Malkaam | Melkam |
| Argittii | Argiti |
| Dhaqqabaa | Dhekeba |
| Gubbiyyee | Gubiye |
| Makkoo | Meko |
| Tashaalee | Teshale |
| Raayyaa | Raya |
| Maashaa | Macia |
| Biraan | Birhan |
| Gambeellaa 1107 | Gambella 1107 |

| Gosa midhaanii fi sanyii | Crop and varities |
|---|---|
| Mishingaa | Sorghum |
| Geedi'oo | Gedeo |
| Hormaat | Hormat |
| Camadaa | Chemeda |
| Gammadii | Gemedi |
| Laloo | Lalo |
| **Daagussaa** | **Finger millet** |
| Paadeetii | PADET |
| Aksum | Axum |
| Mebaa | Meba |
| Boneyaa | Boneya |
| Taaddelaa | Tadele |
| Guddettuu | Gudetu |
| Guutee | Gute |
| Baakkoo-09 | Bako-09 |
| **Xaafii** | **Tef** |
| Qunoo | Kuncho |
| Koraa | Kora |
| Fillaagoot | Filagot |
| Nigus | Nigus |
| Booseet | Boset |
| Daagim | Dagim |
| Maanyaa | Magna |
| Tasfaa | Tesfa |
| Tsadaay | Tseday |
| Kennaa | Kena |
| Gudurее | Gudure |
| **Boloqqee** | **Common bean** |
| Awaash-1 | Awash-1 |
| Awaash-2 | Awash-2 |
| SER-125 | SER-125 |
| SAB-736 | SAB-736 |
| SAB-632 | SAB-632 |
| KATB-1 | KATB-1 |
| KATB-9 | KATB-9 |
| DRK | DRK |
| Naasir | Nasir |
| Hawassa Dume | Hawassa Dume |
| Carcar | Chercher |
| Xinniqqee | Tinkike |
| Awaash Malkaa | Awash Melka |
| Roobaa | Roba |
| Ibaadoo | Ibado |
| Roorii | Rori |
| Ramadaa | Remeda |
| Taatuu | Tatu |
| Gabaabee | Gagebe |
| Lookoo | Loko |
| Gabbisaa | Gebisa |
| Angar | Anger |

| Gosa midhaanii fi sanyii | Crop and varities |
|---|---|
| **Atara Aannanii** | **Soyabean** |
| Carii | Cheri |
| Jaalallee | Jalalle |
| Ethio-Yugoslavia | Ethio-Yugoslavia |
| Boshee | Boshe |
| Kormee | Korme |
| Dhidheessaa | Dhidhessa |
| Kaataa | Kata |
| **Baaqelaa** | **Fababean** |
| Dagaagaa | Degaga |
| Gabalchoo | Gebelcho |
| Bariitii | Beriti |
| Doshaa | Dosha |
| **Saliixa** | **Sessame** |
| Diichoo | Dicho |
| Caalasaa | Chalasa |



# Ibsa Suurrawwanii

## Gabaa sanyii xixiqqaa (mini-seed market)



Gabaa sanyii xixiqqaa Aanaa Odaa Bultum, Araddaa Odaa Baasootti geggeefame



Gabaa sanyii xixiqqaa irratti sanyiiwwan adda addaa beeksisuun fedhii sanyii uumuu, Aanaa Odaa Bultum, Araddaa Odaa Baasootti geggeefame

# Guyyaa Ayyaana Qonnaan bultootaa qophessuun muuxannoo fi oduu milkaa'inaa qooduu



Guyyaa Ayyaana qonnaan bultootaatiin Oomishtoota sanyii haadhoo fi waldoota Oomishtoota sanyii walitti hidhuu, Yuunivarsiitii Haramaayaa



Guyyaa Ayyaana qonnaan bultootaatiin Oomishtoota sanyii haadhoo fi Waldoota oomishtoota sanyii walitti hidhuu, Yuunivarsiitii Haramaayaa



Guyyaa ayaana Qonnaan bultootaatiin muuxannoo yaalii sanyii hirmaachisaa qooda fudhattootaaf qooduu, Aanaa meettaa, Araddaa Duursituu Bilisummaa



Guyyaa ayaana Qonnaan bultootaatiin muuxannoo yaalii sanyii hirmaachisaa qooda fudhattootaaf qooduu, Aanaa Doobbaa, Araddaa  Leenca Waddeessaa

**Pirojeektii BENEFIT-ISSD damee Oromiyaa bahaa, Yuunivarsiitii Haramaayaa**
**Odeeffannoo dabalataa Maxxansa kanaa ilaalchisee:**
**Kamaal Qaasim |Ogeessa waljijjiirraa Beekumsaa fi Dagaaginsa Dandeettii|kemalkasim@yahoo.com| +251-913179853**
**Odeeffannoo dabalataa Pirojeektii BENEFIT-ISSD damee Oromiyaa baha ilaalchisee:**
**Prof Nugusee Dachaasaa (PhD)|Qindeessaa damee Oromiyaa baha |nigussiedechassa@gmail.com| +251-915321046**
**Odeeffannoo dabalataa Pirojeektii BENEFIT-ISSD Itiyoophiyaa ilaalchisee**
**Amsaaluu Ayyaanaa (PhD)|Geeggeessaa Biyyoolessaa| aga.amsaluayana@gmail.com|+251-911842210**